Alaabaa kana nama Rabbii fi Ergamaa Isaa jaallatu kan Rabbiin harka isaatti injifannoo fiduuf kenna

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbi irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -nageenyi fi rahmanni Rabbii irratti haa jiraatu- Guyyaa Kheybar akkana jedhan: «Alaabaa kana nama Rabbii fi Ergamaa Isaa jaallatu kan Rabbiin harka isaatti injifannoo fiduuf kenna» Umar bin khaxxaab akkas jedhe: Ani guyyaa san malee taayitaa jaaladhee hin beeku, ni jedhe: akkan isiif waamamu qaaman hihiixataa ture, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Aliyyii bin Abii Xaalib waamanii, isii isaaf kennanii, akkana jedhaniin: «Hanga Rabbiin injifannoo siif kennutti, of duuba hin ilaalinii deemi» ni jedhe: Aliyyi yeroo muraasaaf deemee, eegasii osoo of duuba hin ilaalin dhaabbatee, akkana jechuun iyye: Yaa Ergamaa Rabbii! maal irratti namootan lola? isaanis akkana jedhan: «Hanga isaan Rabbi malee haqaan gabbaramaan biraa hin jiruu, Muhammad Ergamaa Rabbii ta’uu ragaa bahanitti isaanin loli, yoo akkas godhan dhiiga isaanii fi qabeenya isaanii sirraa tikfatan, haqa isiitin malee, herregni isaanii Rabbirra jira».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni Rabbi irra haa jiraatu- injifannoo muslimoonni guyyaa boruu irraa kaasee yahuudota magaalaa Kheybar kan naannoo Madiinaatti argamtu irratti argatan Sahaabaaf himan, sunis kan ta'u harka namicha wahii kan alaabaa itti kennanii irrattiidha, Alaabaan kunis waraanni akka asxaatti kan itti fayyadamaniidha. Amaloota namicha kanaa keessaa inni Rabbii fi Ergamaa Isaa jaallachuu, Rabbii fi Ergamaan Isaas isa jaallachuu akka ta'ees himaniiru. Umar bin Al-Khaxxaab -Rabbiin irraa haa jaallatu- guyyaa san malee taayitaa hawwee akka hin beekne dhugumatti dubbate, sunis jaalala Rabbii fi ergamaa isaa ilaalchisee waan Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- jedhan argatuuf jecha, Umar alaabaa san fudhachuu fi kajeellaa qabu irraa kan ka'een akka Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- isa arganii, alaabaa saniif waamamuuf jecha qaama isaatin ol hihiixataa ture. Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Aliyyii bin Abii Xaalib waamanii, Rabbiin irraa haa jaalatu, alaabaa itti kennan, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waraanan akka sochoo’u isa ajajan, akkasumas eega diinan wal qunnamee hanga Rabbiin injifannoodhaan masaraawwan tana banutti boqonnaan ykn dhaabbachuun ykn araaran lola irraa akka of duuba hin deebine isa ajajan. Aliyyis -Rabbiin irraa haa jaallatu- deemee, eegasii dhaabbate, of duuba hin ilaalle malee; akka ajaja Nabiyyii -nagaa fi irra haa jiraatu- hin cabsineef jecha, eegasii Aliyyi -Rabbiin irraa haa jaallatu- sagalee isaa ol kaasee akkana jedhe: yaa Ergamaa Rabbii! maal irrattin namootan lola? Rasuullis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhaniin: Rabbiin malee haqaan gabbaramaan biraa akka hin jirree fi Muhammad Ergamaa Rabbii ta’uu hanga ragaa bahanitti isaanin loli, yoo owwaatanii Islaamummaa fudhatan, dhiiga isaanii fi qabeenya isaanii sirraa dhugumatti tikfatan, sirratis haraama taateerti, haqaa isiitin malee, jechuun yakka ykn badii cimaa yoo raawwatan akkaataa tumaalee Islaamaatiin ajjeefamuu haqa godhatan jechuudha, herregni isaanii Rabbirra jira.

